Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

Hubanna Bu'uuraa Waa'ee Tukaanaa

- Tukaanni siree ilbisota xixxiqqoo hanaga sanyii poomii kan geessu dha. Tukaanni siree ga;eessi battee, geengoo fi biffa dimaa maagala kan qabudha. Ilmooleen tukaanni baay'ee xiqqoo fi arguun kan nama rakkisu dha.
- Tukaanni dhiiga namaa kan xuxuu fi otuu homaa hin nyaatin waggaa tokkoo ol taa'uu kan danda'u dha.
- Tuukanni yoroo namani hirribaa ka'uu ni dhokatu halkaan namni yeroo hirribaaf dhufu dammaquun nyaataaf qophaa'u. Tukanni qaama namatirra hin jiraatan.
- Namoonni tokko tokko yeroo tukanni nyaatu beekuu dhiisuu danda'u.
- Tokaanonni baa'yeen siree keessa hanga faana 8 keessatti argamu, yeroo wal horan garuu siree hundarra tamsa'uu malu. Tukaana iddoowwan armaan gadii keessatti arguu ni dandeessu.:
  - Boraatii, firaashii, holqa siree, fi siree keessa,
  - Dhohaa fi holqaa barcumaa keessa
  - Waraqaa dhaabaarraatti dhoobame manaa duuba
  - Duuba suuraa fi sa'aatii
  - Golgaa keessatti
  - Holqaa muka manaa
  - Afaa manaa jala
  - Duuba sookeettii elektirikaa

Odeeffannoo dabalataaf: sarara odeeffannoo tukaana siree qunnamaa:
612-624-2200, 1-855-644-2200
bedbugs@umn.edu, yookin laaluu www.bedbugs.umn.edu

Tukaanni siree akka mana keenya hin seennu akkamitti too'achuu dandeenya

Tukaanni siree mana kee kan seenan karaa huccuu, teessoo, siree akkasumas shiboo fi ujummoolee keessa adeemudhaan yoo ta'u, akkasumas kophee fi boorsaa kee fi kan hiriyoota keetti maxxanuudhaan seenuu dandeessi.

Tukaanni mana kee akka hin seenne gochuudhaaf:

☒ Teessoo, boraatii, firaashii fi siree karaarra jiran mana keetti akka hin galchine.

✓ Teessoowwan kireeffattan yookin namni sanaan dura itti fayyadame fudhachuun dura akka tukaana hin qabne mirkaneeffadhu. Teessoo naannoo imaammata to'annaa tukaanaatii dhufan duwwaatti fayyadami. Mada duree"Tukaana siree argeeraa/*Have I found a bed bug"* jedhu jalatti odeffannoo tukaana siree adda baafadhu.

☒ Boorsaa dugdaa, borsaa kiisii, huccuu fi kkf siree irraa ciistu irra hin kaa'in.

✓ Yeroo imaaltu siree hootelaa keerra tukaanni jiraachuu isaa mirkaneeffadhu. Teessoo, iddoo boorsaa kaawwatan sakata'I. Yeroo achii baatee deemtus boorsaa kee siree irraa fageessuun ilaali. Odeeffannoo dabalataaf *"Kutaa ciisichaa hoteela kee akka inni tukaana hin qabne sakatta'i/ Inspecting your Hotel Room for Bed Bugs*" kan jedhu ilaali.

✓ Manneen jireenyaatiif, dhohaa manaatiif, buusaa ijaarsa manaattii fi shiboo adda addaatiif tooftaan armaan olii kun tukaana siree ittisuudhaaf nu gargaara.

Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

- ✓ Yoo tukaana tuqte dafiitii huccuu fi harka kee bishaan hoo'adhaan dhiqadhu,yookin huuccuu kee boorsaa pilaastikii keessatti naqi. Kophee, boorsaawwanii fi meeshaalee kan biroo maashina gogsu keessatti daqiiqaa 30 haala qilleensa ho'aa keessa akka tukaana ajjeessuutti tursiisi. Ogeeffannoo dabalataatiif mata duree kana ilaali *"Laundering Items to Kill Bed Bugs."*

Kan fooyya'e, Caamsaa 15, 2014

Kan Qophaasse Amaliyaa Shindelalii fi Dr. Steefan Keellas 2011
Kan gargaarsi godhameef duula "Tukaana yaa Balleessinu" jedhuuf yoo ta'u, dhaabbileen gargaarsa taasisan immoo Egensii Ittisa Naannoo Yuunaytid Steetsi fi MDA dha. Dabalataanis Muummee Fayyaa Minnisootaa galateeffachuu barbaanna.

Akka seera namoota qaama hir'uu Ameerikaatti, odeeffannoowwan kun lakkoofsa bilbilaa 651/201-6000 kanaan yoo bilbiltan argachuu ni dandeessu. Namoonni TTY fayyadamtan immoo tajaajila Relay Miniisootaa karaa lakkoofsa bilbilaa 711 yookiin 1-800-627-3529 argachuu ni dandeessu.
Universitii Miinisootaa fi MDA dhaabilee carraa barnootaa fi hojii loogii malee kenanni dha.

MINNESOTA DEPARTMENT OF AGRICULTURE
www.mda.state.mn.us

UNIVERSITY OF MINNESOTA EXTENSION